Hariiroo OPDO fi Qabsoo Bilisummaa Oromoo (QBO)

Siyaasa Oromoo keessatti, dhaabbileen waggoota 28ttan dabreef shoora qaban keessaa tokko OPDO dha. Waggoota 28ttan dabran kana keessatti hariiroon dhaabni siyaasaa kun Qabsoo Bilisummaa Oromoo (QBO) waliin qabu maal fakkaata? Gara fuulduraa hoo akkam ta'a laata? Gaafilee kana sirritti xiinxaluun tooftaalee bu'a qabeessa waggoota muraasa dabran keessatti nu fayyadan sirriitti hubachuu fi adeemsa gara fuulduraatiifis barbaachisaa dha. Kanaafuu, barruu kana keessatti bifa dimshaashaa ta'een dhimma kana irratti xiinxala dhiheessuun yaala.

Hariiroo OPDOn QBO waliin hanga ammaa qabdu bakka ijoo saditti qoodnee ilaaluu dandeenya. Inni tokkoffaan akka FARRA qabsootti. Lammaffaan akka tumsa / daboo takkaahuu FIRA qabsoo bilisummaa Oromootti. Sadaffaan haala amma keessa jirru kan addaan hin bahni. Gama biraatiin, adeemsa QBO keessatti gaheen OPDO bifa diinummaa, firummaa fi amma ammoo kan ifa hin ta'iiin kanaan ibsamuu danda'uu dha.

Akkuma beekkamu OPDOn waggoota 25 duraatiif dhaaba maxxantuuf ergamtuu alagaa ta'uudhaan Qabsoon Bilisummaa Oromoo akka laamsha'u godhaa turte. Adeemsi maxxantummaa kunis suuta suutaan geeddaramaa dhufee farra qabsoo bilisummaa Oromoo irraa gara deeggartuu QBOtti ol siquun tumsa kennite. Akkuma waggoota muraasa dabran keessatti arginetti falmiin ummanni keenya mirga isaatiif godhu too'annaa isaaniitii ol taanaan qabsoo of duubatti deebisuu irra qabsicharraa humna horachuudhaan dhaaba siyaasaa aangoo biyya bulchuu tahuu dandeessee jirti. [In short, OPDO went from being a parasite/servile party to a quasi-resistance party and now to a semi-governing party].

Mee dhimmoota asii olitti ibsaman kanneen tokko tokkoon adda baasnee gadi fageenyaan haa ilaallu.

1. Baroota Farra QBO (Tool of Repression)

OPDOn bara 1990 ifatti haa hundhooftu malee karoorri jaarmaya siyaasaa kana ijaaruu kan bubbule. Yaadni dhaaba maxxanaa akkasii Oromoo irraa ijaaruu jalqaba baroota 1980moota keessa gaafa ilmaan Oromoo Shaabiyaadhaan booji'amanii gara Tigraay fidaman, Dhaabbata Warraaqsa Dimokiraasummaa ummata Itoophiyaa (Ethiopian People Democratic Movement) jedhamutti makaman irraa kan eegale ture. Dhaabni kun dhaaba gara boodaatti gara Dhaabbata Warraaqsa Dimokiraasummaa Ummata

Amaaraa (Amhara National Democratic Party- ANDM) kan geeddarame amma kan naannoo Amaaraa bulchu kana.

Kaayyoon, tarsiimoonii fi akeekni OPDO hundeeffameef inni bu'uuraa maal ture isa jedhu ibsuun barbaachisaadha. Ilmaan Oromoo booda OPDO bu'ureessuu keessatti hirmaatan mooraa booji'amtoota waraanaa (POW) Eritraa keessa turuu mannaa sirna abbaa irree Dargii gombisuu kan filatan ta'us dhaaba booda OPDO ta'e kana dhaabuun hawwii isaanii hin turre. Namoota kanneen gurmeessanii, dhaaba haaraa OPDO jedhamu uumanii jalatti isaan ijaaruun pirojaktii waloo Shaabiyaa fi Wayyaanee ture. Akeekni ijoon isaanis Qabsoo ummata Oromoo tumsuuf yookaan deeggaruuf osoo hin ta'in dhaaba maqaa Oromoo qabu kan isaan jalatti gurmaa'ee dantaa isaanii Oromiyaa irratti eegsisuu danda'u ijaaruu dha.

Ilmaan Oromoo kun mooraa booji'amtoota waraanaa keessa yeroo turanitti filannoo saditu kennameef. Filannoon tokkoffaan gara Suudaniitti baqatanii achirraan gara biyya biraa deemuu, lammaffaan gara qe'ee ofitti deebi'aniii galuu yommuu ta'u sadaffaan immoo dhaaba siyaasaa barbaadanitti dabalamanii sirna Dargii kuffisuu irratti qabsaa'uu ture. Ilmaan Oromoo sirna Dargii irratti qabsaa'uu filatan 300 ol ta'an ABOtti makamuun filannoo isaanii ture. Haa ta'u malee, dhiibbaa Shaabiyaan Dhaaba Warraaqsa Dimokraasummaa Ummatoota Itiyoophiyaa (EPDM kan EPRP irraa fottoqee too'annaa ABUT/TPLF jalatti gurmaa'etti) akka makaman godhaman. Yeroo murtiin ilmaan Oromoo kun ABO dhiisanii akka EPDMtti makaman godhaman sana Shaabiyaanis ta'ee Wayyaaneen ABO waliin hariiroo gaarii qabu turan. Osoo hariiroon gaariin suni jiruu maalif dhaaba Oromoo biraa kan ABO fi masaanuu ta'u bixxiluun isaan barbaachise?

ABOn yeroo sanitti humna guddaa qabaachuu baatus dhaaba walaba ture. Dhaaba sabboontota ummata ofiitiif of kennaniin dhaabbatee fi namoota quuqama saba ofii qabaniin kan hoogganamu ture. Kanaafuu, ABO akka salphaatti harka micciiranii dantaa saba ofii akka gurguree kan jara kaanii bakkaan gahuuf akka hin sarmine sirriitti beeku. Dhugaa kana immoo dhaabbileen lameenuu (Shaabiyaa fi Wayyaaneen) jila isaanii erganii qorannoo godhanii waan jala muranii dha. Maarree, Itoophiyaa kufaatii sirna Dargii booda uumamtu keessatti maqaa Oromootiin dhaaba isaaniif ajajamu waan barbaadaniif OPDO hundeessan.

Haaluma karoora Shaabiyaa fi Wayyaaneetiin OPDO bara 1990 ifatti hundaa'udhaan Wayyaanee masaktee Oromiyaa seente. Bara 1991 surni dargii kufee, mootummaan cehumsaa yeroo dhaabbatu san jaarmayaalee Oromoo shantu hirmaate. Isaan keessaa afur dhaabbilee walabaa QBO geggeessan yommuu ta'an, OPDO dhaaba

walabummaa hin qabneefi maxxantuu diinaa turte. Gama biraatiin, hooggansii fi miseensonni OPDO gaafasii uummata isaaniitiif naatoo qabaatanis, sana biras dabree saba isaaniitti siquuf fedhii qabaatanis jaarmayni keessatti gurmaa'an walaba waan hin turiniif yaadni isaanii kuni milkaa'uu hin dandeenye. Fakkeenyaaf, yeroo dhaabbileen Oromoo shananuu bara 1991 keessa tokkummaa uumuuf waliigalanii turanitti, warri OPDOs mamii malee erga fudhatanii booda, dhiibbaa Wayyaaneetiin Kumaa Dammaqsaa waliigaltee san mallatteessuu irraa of qusachuun isaa ni yaadatama.

Kana jechuun garuu ABO fi dhaabbileen biroo tooftaan isaan yeroo sana hordofan dogongora hin qabu jechuu miti. Yeroma sana osoo diinni maandheffatee OPDO guutumaan guututti hin dhuunfatin tooftaalee garagaraa fayyadamuudhaan Wayyaanee hoongessuun danda'amuun ni mala ture. Ta'us garuu har'arra dhaabbannee yoo madaallu, hireen tooftaawwan sunneen milkaayuu f qaban baay'ee xiqqaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kana jechuun gama tokkoon dhaabbileen QBO gaggeessan akkasumas dammaqiinsi ummataa guddaa waan hin turiniif, gama biraatiin immoo yeroo sanatti humni Wayyaaneefi Shaabiyaa deeggarsi isaan biyyoota alaatii argachaa turan ol'aanaa waan tureef mooraan qabsoo Oromoo tooftaawwan aadda addaa kanneen akka hawwataanii yookin dhiibbaa irratti uumanii gara ofiitti makuu/deebisuu dandeessisu hin turre jechuunis ni danda'ama. Sababa kanaafii kanneen biroo irraa kan ka'e OPDO bara 1992 irraa kaasee dhaaba maxxantuu Wayyaaneen bifa al kallattaawwaa ta'een dantaa isii Oromiyaa keessatti itti galmaan gahattu taate.

Haaluma kanaan, OPDOn dhaaba siyaasaa Wayyaanee bakka buutee Oromiyaa bulchitu ta'uu eegalte. Yeroo kana keessatti, hariiroon OPDOn QBO waliin qabdu guutumaan guututti kan diinummaa ture jechuun ni danda'ama. Yeroo kanaa kaasee hojiin ijoon OPDO hojjachaa ture sabboonummaa Oromoo laamshessuu, busheessuufi qabsaawota onnee guutudhaan bilisummaa biyya isaaniitiif falman adamsitee diinaaf laachuu ture. Kana malees diinni maandhee isaa Oromiyaa keessatti gubbaa hanga jalaa diriirfatee, cancala hannaa babal'ifatee Oromiyaa hannaan akka onsuuf balbala kan saaqe ture. Yeroo kana keessatti hojiin ijoon OPDO hojjachaa turte hojii diinummaa hamaa farra Qabsoo Bilisummaa Oromoo ture jechuun ni danda'ama.

Haa ta'u malee adeemsi diinummaan OPDO bifa garagaraatiin itti fufus Oromiyaa bulchuun isii wantoota boodana qabsoo bilisummaa Oromoo fayyadaanis osoo hin yaadin akka dalagdu godhee jira. Kufaatii Sirna Dargii booda sabbonummaan cimaan waan dhufee tureef Oromoo fi saboota biroo akka duriitti guutumaan guututti cunqursuudhaan qofa bulchuun hin danda'amu ture. Sabboonummaa baay'ee lelisaa ture laaffisuuf akkasumas sirna haaraa ijaaraa jiran uummata biratti fudhatama akka argatu godhuuf hacuuccaa qofas osoo hin ta'in sossobbiis itti makanii faaydaarra

oolchuun dirqama ture. Gama biraatiin Wayyaaneen ABO waliin wal dorgomuuf akkasumas qalbii uummata Oromoo hamma tokkos ta'u gara OPDOtti garagalchuuf wantoota uummata Oromoo hawwatan tokko tokko kara OPDOtiin hojitti hiikuuf dirqamtee turte.

Gama biraatiin, uummata Oromoo ABO irraa fageessuuf OPDOn ajandaa ABO waan fudhatte of fakkeessudhaan uummatatti dhihaatuuf yaaliin isiin goote isii fayyadee ture. Keessattuu, sabboonummaa Oromoo guututti ukkaamsuu waan hin dandeenyeef sabbonummaa qal'aa isaas taatu miidiyaa fi dhaabbilee garagaraatiin sadarkaa mootummaatti geggeessuun faaydaa qaba ture. Fakkeenyaaf, yakka sirna Wayyaanee keessatti ummata keenya irratti raawwatamu tuquu baatanis kan Moototni durii raawwatan ummata barsiisuun sabbonummaan daran Oromiyaa guutuu akka walgahu godhe. Kana caalatti ammoo, dorgommii kana keessatti wantoota sadi gurguddaatu dhalate; bulchiinsi Oromiyaa ni ijaarame (bureaucratization), qubeen barachuun ni dhufe (mother tongue literacy), akkasumas bulchiinsi mootummaa naannoo Afaan Oromootiin ta'uun, ummanni keenya magaalatti akka galuuf haala mijeesse (urbanization). Jijjiiramoonni sadeen kun (bureaucratization, mother tangue literacy & urbanization) walfaana (simultaneously) deemuun cehumsa haawaas-diinagdee fi siyaasaa (socio-economic and political transformation) guddaa Oromiyaa fi Oromoo keessatti uume. Haalli kunis sabbonummaa ni finiinse, Oromoonis yeroo duraatiif akka dhuunfaatti mala - bulmaata (beaurocracy) ofii akka qabaatu godhe. Kun ammoo OPDO irrattis, QBO irrattis jijjiirama guddaa fide.

Gama OPDOtiin, hawaasni jijiiramee, sabboonummaan walgahaa deemuun; akkasumas hireen barnootaa kan afaan ofiitin baratan babal'achuun dhaloota diddaa uumaa waan dhufeef sirnichi akka duriitti cunqursaa deemuu akka hin dandeenye hubate. Kanaafuu, keessattuu filannoo bara 2005 keessaa sabbonummaa busheessu irraa gara ofitti hammatanii dhaadhessuu fi sabboontotas ofitti qabachuu (co - optation) tooftaan jijjirame. Namoota sabaaf quuqaman kan dura maqaa dhiphummaa fi ABO jedhuun afaan qabsiisaa fi hiree hooggansaa dhoowwataanii turaniifis hireen saaqamuu eegalte. Wayyaaneen ofiif jecha OPDOtti lugaama furuuf dirqamte. OPDOtis ofiif jecha ummataa fi qabsoo Oromootti siquu filatte.

2. Baroota OPDO Fira Qabsoo Bilisummaa Oromoo Itti Taate (OPDO - Ally of Resistance)

OPDOn ifatti fira qabsoo bilisummaa Oromoo kan taate bara hooggansa Obboo Lammaa Magarsaa ta'uu namuu ni beeka. Jijjiiramni bulchiinsa Lammaa jalatti muldhate bubbuluu isaa armaan olitti tuqeen ture. Dhiibbaa jijjiiramoota sadan armaan

olitti kaafneen OPDOn sabbonummaa Oromoo kan sirrii (mainstream) akka madaqfattu, sabbontotaa fi Oromoota baratan of irraa fageessuurra akka ofitti hawwattu (cooptation over exclusion); akkasumas sabboontota ishee keessa jiraniif karaa akka saaqxu dirqamte. Keessattuu, bara Obboo Abbaa Duulaatii fi Obboo Alamaayyoo Atoomsaa hojmaatni kun baldhinaan muldhachaa ture. Baroota san keessatti 2005 - 2013 OPDOn QBO diinomfatuu irraa gara sossobuutti of ceesifte.

Jijjiiramoonni sadan asii olitti ibsaman kunneen OPDO keessatti qofa osoo hin taane ummata Oromoo bal'aa birattis jijjiirama hawaasaa fide. Afaan ofiitiin barachuun dhaloota Qubee uume. Bulchiinsi Oromiyaa (bureaucracy) jiraachuun Oromoo fi Oromiyaa walitti hidhee dantaan nam - tokkee fi kan sabaa akka wal simatuufi walitti hirkatu godhe. Ummanni keenya magaalatti galuun qunnamtii isaa cimsuu qofa osoo hin taane, Oromoon warroota biroo keessattu kan isa cunqursan waliin wal bira of qabee roorroo isarra jirtu sirritti akka hubatu godhe. Waan duras beekamu caalaa hiyyummaanis ta'ee rorroon kan biraatiin wal biratti of qabanii yoo of madaalan irra namatti dhagayama. Kunis miirri sabboonummaa uummata keenyaa akka daran olka'u godhe.

Fincilli barattootaa gubannaa bosona Baalee bara 2000/01 irraa eegalee qabsoon laafinna jaarmaya siyaasaatiin laamshayaa turte, bifa sochii hawaasaatti (social movement) deebitee dagaaguu eegalte. Adaduma dhaloonni qubee jalaan dabalamaa lakkoofsaan baldhachaa deemeen, qabsoonis finiinte. Bara 2000/1, 2004 (mormii Finfinne), 2006 (Fincila Diddaa Gabrummaa), jechaa deemtee bara 2013 mormii Maastar Pilaanii dhoosuun bakka har'a geenyeen ni fullaafte.

Jijjiiramni ummata Oromoo keessatti dhufaa deeme akkuma qabsoo keenya finiinsaa deemneen OPDOnis amala, tooftaa fi filannaa ishii waliin gituudhaaf jijjiiramuun dirqama itti ta'ee ture. Haaluma kanaan sadarkaa qabsoon bilisummaa Oromoo bara 2016 geesse keessatti OPDOn filannoo lama qofa qabdi turte. Takkaahuu akka Muktaar Kadiir godhaa turetti gara duubaatti deebitee farra QBO ta'uudhaan warraaqsa ummataatiin dhiqamtee kufuu ykn tooftaa fi hooggansa qabsoo bilisummaa Oromoo cinaan hiriiree, uummata of cinaan hiriirsuun as baasuu qofa ture.

Filmaatawwan dhiphoo jiran lameen keessaa tokko filachuun dirqama ture. Yeroo kana ture OPDO hoggansa siyaasaa qabsoo bilisummaa Oromoo cinaa dhaabbatu kan as baasuu dandeesse. Yeroo kana ture kan Obboo Lammaa Magarsaa as bahuu danda'e. Kanaafuu akkuma suuta suutaan farra QBO irraa gara uummata sossobachuutti of ceesisaa dhufte, bara 2016 irraa eegalee gara firaa fi tumsituu qabsootti ceete. Lubbuu ofii dheereffachuufis taatu OPDOn hooggansa Obboo Lammaa jalatti waggaa tokkoof

(2017) tumsa QBO ta'uun faaydaa guddaa buuftee turte. Faaydaan kunis sabboonummaa Oromoo dhugeeffachuu (legitimizing Oromo nationalism) irraa hamma Poolisiin Oromiyaa gara Qeerroo akka goru gochuun, xiqqaatus saamicha Oromiyaa keessatti geggeeffamu balaaleffachuun qabsoo ofdura furgugeessuun danda'amee ture.

OPDOn QBOtti firoomuun qabsoo bilisummaa Oromootiif qofa osoo hin taane isheefis bu'aa guddaa buuse. Yeroo duraatiif hoogganaan dhaaba isaanii akka hooggana Oromootti laalamee saba keenyaafii fi kanneen biraatiinis dhaggeeffatamuu fi kabajamuu eegale. Kun ammoo jaarmaya balfa hamaa irraa ka'e, kan akka OPDO kanaaf akka lammata dhalachuuti. OPDOn humna ummataatiin guutamtee dhaaba ajandaa dhuunfaa isaatiif ishee hundeessee akka barbaadetti ergataa turetti akka mataa raaftuu fi dura dhaabbattu onnachiise. Adeemsa keessas, taaytaa dhaaba biyya bulchuu (EPRDF) fi kan Federaalas akka dhuunfattu taasise. Kanaafu, firummaan takkaahuu tumsi OPDO fi QBO jidduutti bara dabre uumame gama lachuu kan fayyadee fi humneesse (mutually beneficial and reinforcing) ture yoo jenne dogongora natti hin fakkaatu.

3. OPDO: Paartii Biyya Bulchu (Governing Party)

Bara 2018 kana keessa OPDOn taaytaa EPRDF fi mootummaa Federaalaa hoogganuu harkatti galfattee jirti. OPDOn taaytaa biyya bulchuu (governing party) taate tun fira moo farra QBO taati laata? Kun gaafii guddaa mooraan QBO sirritti itti yaaduu, qorachuu fi tooftaaf tarsiimoo madalawaa itti baasuu qabuudha. Torbanoota dabran kana keessa marii fi falmiin godhamaa jirus gaafii kanaaf deebii barbaaduu irraa kan ka'eedha. Gariin OPDOn amma guututti Wayyaanee jalaa bilisoomtee, fira QBO ta'uu bira dabartee hooggansa qabsootuu taatee jirti jechaa jiru. Kanarraa ka'uudhaanis, QBO tooftaa OPDO mormuu irra gara guututti deeggaruu fi daran humneessuu deemuu qabdi yaada jedhus dhiyeessu. Gariin ammoo, saneen sanuma jedhu. OPDOn yoomuu fira qabsoo hin taatu, ammas afaaniin malee gochaan farruma qabsoo bilisummaa Oromooti kan jedhanis jiru. Tarsiimoon QBOtis, fakkeessaa OPDOtiin osoo hin sobamin ishii fi Wayyaanees waliin mancaasuun warraaqsa kana galmaan gahuun dirqama kan jedhanis jiru. Kan sadaffaa akka durittis farraa miti, akka dhaadheffamtuttis firaa miti, kanaafuu yoo tolchitu jajjabeessaa yoo balleessitu qunxuuxaa deemuu qabna yaada jedhu dhiyeessu.

Waan hundaafuu, OPDOn sadarkaa biyya bulchuu irra geesse tun fira moo farra qabsoo taati gaafii jedhu debisuuf wantoota murteessoo (determining factors) armaan gadii kanneen ilaaluundhaan deebii isaa tilmaamuu ni dandeenya jedheen yaada.

A. Umamaa (Nature) fi Dantaa OPDO

Rakkoon OPDO guddaani fi hamma hanga ammaatti ofirraa buusuu dadhabde dhaaba biraa irratti maxxantee dhaabbachuu ishiiti. Kun ammoo ilaalcha siyaasaa (ideology), tarsiimoo, caasaa fi madda humnaa mataa ishii ummachuuf akka rakkattuu fi dhaaba haadhoo (mothership) kan taate ABUT/TPLF irratti akka hirkattu godhee jira. Hoogganaa akka Obboo Lammaa jalattuu ilaalchaan gama qabsoo Oromootti as siqxee, deeggarsa ummataa guddaa horattus har'as sadarkaa ofiin dhaabbachuu bira gahuu hin dandeenye. Kun ammoo tarsiimoo fi imaammata walabaa baafattee socho'uu ishii dhoorga. Walabummaa kana kan dhabduuf Wayyaaneen humnaan caaltee, huutee waan qabduuuf qofaafii miti. Maddi humnaa, keessattuu waraanaa fi tikaa OPDOn fayyadamtu kan dhaaba haadhoo waan ta'eef, haadhoo san irraa cituun, humna ishii dhabsiisee dhabbilee ishiin faallaa jiran jalatti na kuffisa jettee sodaatti. Kanaafuu, haadhoo san irraa addaan cituun ykn haadhoo san ajjeesuun, akka ofittis du'a muruutti ilaalti. Hoogganoonni dhaaba kanaa sadarkaa sadarkaadhaan jiranis dhaaba haadhoo (ABUT/TPLF/EPRDF) waliin ta'uun yakka hojjataniiru, biyya saamaniiru. Haadhoo irraa addaan cituu isaanii balaa fi kasaaraa guddaadhaaf nu saaxila sodaa jedhu qaban.

Qabxiilee armaan olitti kaaseef fakkeenyi guddaan waan walgahii EPRDF kana baatii Muddee 2017 keessa godhamee san ilaaluu ni dandeenya. OPDOn humna warraaqsa ummataatiin ADWUI/ EPRDF keessatti ol'aantummaa horachaa dhuftee turte. Garuu, TPLF jalaa bilisa of baasuu ykn ammoo ABUT/TPLF dhabamsiisuu irra araarfachuudhaan nagaya buusuu filatte. Sababnis, ABUT/TPLF irraa yoo cittes ta'ee yoo kuffifte boru ofii itti aanuu dhabuu ishiif humna, caasaa fi tarsiimoo mataa ishii kan balaa irraa ittisee fi utubee ishee tursuu danda'u waan hin qabneefi. Kanaafuu, ejjannoolee bara dabre gaafa qabsotti makaman qabatan hedduu laaffisuu (compromise) gochuu filatan. Kanaan ammoo haaromsa gadii fagoo dhaaba isaanii dhiisuun, hooggansa jaarmaya haadhoo fudhachuun filannoo bayeessa itti fakkaate. Jecha biraatiin, haaromsaan jaarmaya bilisa ta'e ta'anii as bahuu irra, maxxantummaa sadarkaan ishii xiqqo ol-siqe ta'uu filatanii jiru.

Kun hariiroo OPDOn QBO waliin qabduuf maal jechuudha? Akka bara dabreetti ejjannoo cimaan firaa fi tumsa qabsoo ta'anii deemuu hin barbaadan; hin danda'anis. Yoo karaa sanitti deebina jedhan taaytaa sadarkaa EPRDF fi Federaalatti arganne dhabna jedhanii yaadu. Gara farra qabsottis hin deebi'an. Garas deebi'uun deeggarsa ummataa dhabsiisuu qofa osoo hin taane jaarmayuma keessattu gaaga'ama hamaa akka isaanirratti uumu sirriitti beeku. Ummataan deebi'anii tufamanii, keessi jaarmayaa jeeqamnaan taaytaa Federaalaa fi EPRDF sanis dhabuuf deemu. Kanaafu, OPDOn

amma booda karaa QBO fi Wayyaanee jiddu galeessa (middle ground) hordofuu feeti. Ejjannoon boru OPDOn qabachuuf jirtu kan murteessu cimina mooraa Qabsoo Bilisummaa Oromootifii adeemsa Wayyaaneeti. Kana jechuun mooraan qabsoo bilisummaa Oromoo kan Wayyaanee yoo kan caalaa adeemu ta'e OPDOn suuta suutaan ejjannoo jiddugaleessaa irraa gara guutumatti QBOtti makamuu filachuu dandeessi.

B. Dantaa, Humnaa fi Tarsiimoo Wayyaanee

Sadarkaa amma irra jirtutti, Wayyaaneen humni ishii haphachaa dhufee jira. Humni ishii kan ummataatiin (People Power) caalamus, kan OPDO akka caalu garuu sirriitti beekti. Humna diinagdee guddaa horattee jirti. Kanaafuu, tarsiimoon ishii baasu humnaan deemtee humna hamma hafeef qisaasuu irra tooftaadhaan duubatti deemtee (tactical retreat), humna qabdu qusachaa diinagdee horatte tikfachuutu ishiif filatamaadha. Kanaaf ammoo OPDOn walitti bu'uu dhiiftee, taaytaa siyasaa kenniteef humna tikaa fi waraanaa dhuunfattee turuun dantaa diinagdee ishii tiikfachuun tarsiimoo ishiiti. Sababni isaas, akkuma armaan olitti jenne, OPDOn ol-aantummaa TPLF kan jibbitu ta'us guututti irraa fottoquu ykn ABUT/TPLF dhabamsiisuu dantaa ofiitiifu hin barbaaddu. Sababa kanaaf walgahii guyyaa 17 fi kan san boodaa keessattuu fuulleeffannaan guddaan ABUT/TPLF ejjannoo fi tarkaanfilee OPDO kan dantaa diinagdee ATPLF miidhan qeequun akka jijjiraman dhiibbaa gochaa, taaytaa hooggansa Paartii fi kan biyyaa ija dura qabuu kan filatteef.

Gara fuulduraattis, TPLF amma booda gara hooggansa siyaasaa fuulduraatti dhufuu hin barbaaddu. Duubaan dhokattee humna tikaa fi woraanaa caasaan xaxxee qabuun dantaa diinagdee ishee eegsisuu barbaaddi. Sochii fi imaammata qoqqoodama diinagdee (economic redistribution) fidu kamiiyyuu humna tikaa fi woraanaatiin shira xaxxee laamshessuu yaalti. OPDOdhaan taaytaa siyaasaa siif kennine sirraa fudhanna jettee dorsisuun yaalii jijjiirama diinagdeef godhamu akka hin fidne dhoorgiti. Filannoon bara 2020 kan baroota dabree irra xiqqo banaa akka ta'u ni hayyamti. Guutumatti walabaa fi kan waldorgommii qabu yoo ta'e OPDOn takka na ganti ykn ni moo'amti jettee waan yaadduuf hin hayyamtu. OPDOn QBOtti hamma tokko firoomuun akka sossobdu ni jajjabeessiti, garuu ammoo guututti akka itti makamtu hin feetu.

Wayyaaneen dantaa fi tarsiimoo armaan olitti eerree kana hojitti hiikuuf humna barbaachisaa kan OPDO caalu ammas ni qabdi. Kan ishii rakkisu humna ummataati. Humna ummataa kana ammoo yoo dandeesse OPDOtti fayyadamtee mala hawwannaatiin (co - optation) laamshessiti. Maarree akka dantaa, humnaa fi tarsiimoo Wayyaanee kanaan OPDOn akka duriitti guutumatti farra QBO ta'uu baattus gara

Oromoo goruu irraa garuma Wayyaanee jallachu akka filattu dirqamti. Kana hanqisuuf humni Oromoo jabaachuunii fi tarsiimoo haala yerootiin wal madaaluun masakamuun dirqama.

C. Dantaa, Humnaa fi Tarsiimoo QBO

Akeekni QBO mirgaa fi aangoo abbaa biyyummaa saba Oromoo mirkaneessuudha. Kana jechuun qabeenya ofii saamamuun hafee, misoomfachuu fi fayyadamuu, eenyummaa ofiitiin boonuu fi guddifachuu, mootummaa naaf ta'a jedhanII filataniin buluudha. Kana argamsiisuuf karaan jiru ammoo takkaahuu mootummaan amma jirtu dirqamtee gara sirna dimokraasii fi walqixxummaatti akka ceetu gochuu ykn fonqolchanii mootummaa ummata kanaaf ta'u dhaabuudha. Sadarkaa amma jirutti, QBO humna takkaa agartee hin beekne horattee jirti. Mootummaa Wayyaaneetiin cinatti humni dhiibbaa guddaa uumuu danda'u yeroo ammaatti kan ummata Oromooti.

Qabsoon Uummanni Oromoo gaggeessaa jiru hamilee, gurmaa'innaa fi jabina guddaa kan qabuudha. Humna kanatti fayyadamuun OPDO fi sirnicha irratti dhiibbaa uumuun yoo danda'ame ceehumsi walta'iinsaa (negotiated transition) Paartii biyya bulchuu fi kan mormiituu jiddutti akka uumamu gochuudha. Didamnaan ammoo, sirnicha amma jiru diiganii haaraa ijaaruudha. Lamaan keessaa kan filatamu kan duraati. Cehuumsa nagayaa fi waliigaltee gochuuf ammoo OPDOn taaytaa qabachuun fayda qabeessas danqaas ta'uu danda'a. Kan fayyadu yoo OPDOn fedhii ishii kan ummataatiin wal simsiiftee gara cehuumsaatti dhiibaa gooteedha. Yoo kun ta'uu baate immoo OPDOn taaytaa amma horatteen mirqaantee gara fuula haaraya sirna abbaa irree Wayyaaneetti of ceesisuu dandeessi. Kanaafuu Tarsiimoon QBO hordofuu qabu, dantaa fi humna OPDO fi TPLF armaan olitti dhihaate walbiratti madaalanii tarkaanfii akkamii yoo fudhanne kara akeeka barbaannuu nu geessa kan jedhu murteessuudha.

Akkuma armaan olitti jenne, OPDOn biyya san gara sirna dimokraasii dhugaatti ceesisuuf fedhiis, humnas hin qabdu. Fedhii kan hin qabneef akka jaarmaya walabaatti waan hin jirreef filannoo walabaatiin ishiinis, haadhoonis (mothership) moo'amanii kasaaruu waan danda'aniifi. OPDOn hooggansa Lammaa jalatti akka dhaaba walabaatti Oromiyaa keessatti osoo dorgomtee moo'achuu malti. Garuu, ABUT/TPLF/EPRDFfiin alatti waan of dandeessee jiraattu itti hin fakkaatu. Hamma tokko ilaalchi isii kuni dhugaas qaba. Osoo OPDOnuu Oromiyaa keessatti harka wayyabaa argattee, filannoo bilisaatiin EPRDF Tigraayiin alatti hireen moo'achuu ishee xiqqaadha. Kana jechuun OPDOn minority Paartii taati. Kun ammoo dantaa dhaabaa qofa osoo hin taane kan namootaas miidhuu mala. Gara biraatii, murni OPDO kan dantaa sabaa dursuu fi filannoon bilisaa dantaa sabaatiif barbaachisaadha jedhee amanu osoo as bahees

haala amma jiruun milkaayuu hin danda'u. Akkuma walgahii guyyaa 17 OPDOn jaarmaya dhiibbaa dhaaba biraa jalaa bilisa hin baaneefii, bahuuf fedhii hin qabne waan ta'eef, murni tarkaanfataan ishii keessaan burqu hedduu osoo hin deemne sakaalama. Akkuma walgahii guyya 17 san irratti ta'e jechuudha. Sakaallaa san irra aanuuf ammoo madaalliin humnaa gara Wayyaaneetti daba. Murni akkasii akka milkaa'uuf madaallii humnaa gara QBO jallisuuf humna ummata Oromoo jabeessuun dirqama.

Kanaafuu, OPDOn qabsoo Oromoo gara goolabbiitti dhihachaa jirtu kanaaf ammas fira taatee itti fufuun akka tumsitu yoo barbaanne, falli jiru dhiibbaa daran irratti cimsuudha. Kanarratti bara dabre deeggarree cimsine, baranas deeggarree cimsina yaadni jedhu akka ka'u beekamaadha. OPDOn bara dabreef tan baranaa adda adda. Bara dabre OPDOn Paartii jijjiirama barbaaddu fi sirnicha mormu taatee (resistance party) turte. Barana gara Paartii biyya bulchuutti (governing party), jijjiiramtee jirti.

Amaluma siyaasaattuu Paartiin biyya bulchu akkuma aangoo dhuunfateen imaammata ofii hojitti hiikuu malee jijjiirama bu'uraa (fundamental change) hin barbaadu. OPDOn ammoo dantaaf uumama ishiitirraa kan ka'e erga paartii biyya bulchu taatee jijjiirama bu'uraa hin barbaaddu ykn hin dandeessu. Kanaafuu, bara dabre yeroo Paartii jijjiirama barbaaddu taatee turte san ishii deeggaruun humna biyya bulchaa jiru (status quo) laaffisuuf nu gargaara ture. Jechuun bara dabre OPDO deeggaruun ishii cimsee, mooraa qabsoo yabbisee kan sirnichaa (status quo) waan laaffisuuf tooftaa bayeessa ture. Baranas OPDO cimsuun faaydaa ni qaba. OPDOn Paartii biyya bulchu taate kan cimtu garuu deeggaruunii miti. Dhiibbaa alaa cimaa itti uumuudhaan gama tokkoon tarkaanifii jijjiiramaa bu'uraa fi saffisaan fudhachuuf akka dirqamtu gochuu, akkasumas tarkaanifiin jijjiiramaaf ishiin fudhattu barbaachisaa fi filannaa biraa kan hin qabne akka ta'e waahillaan ishii ADWUI/ EPRDF keessa jiran akka amanan dirqisiisuuf fayyada.

Akkuman asii olitti ibse Paartiin biyya bulchu kamiiyyuu dhiibbaa ummataatiin maletti dantaa saba bal'aa (mass) irratti hin fuulleeffatu. Hawaasa kamiiyyuu keessatti, Paartii dhufaa dabraa kan harka micciiruu danda'u humna of qopheessee jiru (establishment) kan jennuuni. Fakkeenyaaf, Baarak Obaaman kan filame tumsa (alliances) qaamota jijjiirama barbaadanii (progressive forces) kanneen akka ummata gurraachaa, dubartootaa fi hojjattootaatiini. Haa ta'uu garuu, akkuma filameen imaammata warra injifannoon isa gahee irratti hin fuulleeffanne. Inumaatuu dantaa warra gaafa filannoof dorgomu abaaraa turee (Wall Street, etc) saniif dursa yennaa kennu argame. Imaammataa fi fuulleeffannaa isaa jijjiirsiisuuf humnoonni jijjiirama barbaadan akkuma gaafa isa filchiisanii sanitti duula banuu qaban ture.

Baaraak Obaamaan Dantaa ummata hiyyeessaatiif xiyyeeffannaa akka kennu kan godhe, duula /sochii (movement) “We are 99%’’ jedhu ture. Ummanni gurraachi gaafa inni filamu gammachuu guddaa qaba ture. Injifannoo seena qabeessa argameenis gammadee dhiichise. Yeroo dheeraafis Obaama qeequun, laaffisuudha ilaalcha jedhuun caldhisee ture. Boodarra hifannaan sochii “Black Lives Matter” jedhu kan roorro poolisaa irraa dhalate garuu gaafiilee mirgaa fi dantaa gurraachaa hedduu of keessatti qabate santu dhiibbaa uumee akka Obaamaa fi bulchiinsi isaa ummata gurraachaaf akka xiyyeeffannoo kennu dirqisiise. Qabxiin ani kaasuu fedhe, akkuma agartan sirna dimokraatawaa keessattuu, mootummaan dantaa saba/gartuu tokkoo hojitti hiikuuf namni yookin Paartiin isaan jaalatan taaytaa qabachuun qofti gahaa miti. Dhiibbaa walirraa hin cinne uumuutu barbaachisa. Akkuma har’a masaraa Minilik keessatti ta’aa jiru, Obaaman baroota dura filame san hayyoota, artistootaa fi qabsaa’ota gurraachaa walitti qabee, kabajaa kennaafii ture. Masaraa Mootummaa Ameerikaa (White House) kan ummanni gurraachaa gabra ta’ee ijaare keessatti, gurraachi pirezidaantii ta’ee, hayyootaa fi artistoota sanyii isaa kabajaan affeeruun tarkaanfii seena qabeessa ture. Haa ta’uu ammoo, gaafii diinagdee, siyaasaa fi jijiirama seeraa ummata gurraachaatiif homaa faaydaa hin buufne. Inumaahuu, gaafii isaanii ni haguuge.

Kanaafuu, namas ta’ee paartii nutti aanu tokko gaafa taaytaaf warreen biraatiin dorgomu deeggaruuniif akka olbahu harkisuun barbaachisaadha. Wanti uummata keenya birattis mul’atee ture kanuma jechuunis ni danda’ama. Akkuma paartiin yookin namni sun taaytaa too’ateen garuu duuba goranii mormiidhaan dhiibbaa itti cimsuun paartii/nama sanis ni cimsa, dantaan keenyas akka galma gahu gargaara.

Goolabbii

Barruu kana keessatti hariiroo OPDOn waggoota 28 dabran kana keessatti QBO waliin keessa dabarte bifa dimshaasha ta’een agarsiisuu yaaleen jira. Hariiroon kun diinummaa irraa adeemsaan gara firummaatti ce’ee yeroo amma haala ifa hin ta’in keessa jira. Sadarkaalee lamaan, diinummaa fi firummaa irratti namoonni hedduun waliigalu jedheen yaada. Kan sadaffaa, kan reefu itti seenne waan ta’eef wal mormiin ni jira. Gaafa hariiroo sadarkaa lammaffaa, jechuunis firummaatti, seennus bifuma walfakkaataadhaan garaagarummaan yaadaa mul’atee ture. Ammas taanaan OPDOn paartii maxxantuu irraa gara biyya bulchuutti ceete tun, fira moo farra QBO taati gaafii jedhuuf yeroon deebii ni kenniti.

Qaamota/ namoota dhuunfaa OPDOn kaleessa gantuu waan taateef har’a hin jijjiiramne, borus hin jijjiiramtuu jettaniif dhaamsi ani qabu yoo jiraate, ammaaf hiree kennuufiin gaariidha kan jedhuudha. Akkuma haallii hawaasummaa fi siyaasaa jijjiramu

dhaabnii fi namni siyaasaas jijjiirama. Kanaaf ammoo jijjirama OPDO keessatti filannoo 2005 booda dhufe ilaaluun waan danda'amu natti fakkaata. Hunda caalammoo jijjiirama hoggansa Obboo Lamma Magarsaa jalatti argamerraa yoomuu taanaan, bifa kamiinuu jijjiiramni dhufuu akka danda'uu ragaa guddaadha jedheen yaada. Qaamoleen jijjiirama OPDO keessatti argamee fi Oromoon masaraa Minilik seenuu isheetiin akka malee mirqaantanis tasgabbiidhaan waan hunda ilaaluun barbaachisaadha yaada jedhun qaba. Jijjiiramni OPDO keessatti dhalate kan fedhii jaarmayaa fi hooggansa saniin dhufe osoo hin taane kan cehuumsa siyaasaa (political transformation) Oromoo keessatti dhalatee fi tarsiimoo QBO yeroo irraa gara yerootti fooyyeessaafi itti fayyadamaa dhufeen kan dhugoome akka ta'e irraanfatamuu hin qabu. QBOtu humna Wayyaaneen qabdu haphisee OPDO akka of ilaaltee gara uummataatti hirkattu isii dirqisiise. Kanaafuu bu'uurri jijjiiramaa kamiyyuu ciminaafi laafina qabsootiin kan madaalamu ta'a. Yoo qabsoon laaffate fedhiin OPDOs ta'e humni jijjiramaaf ittiin onnattee sochootu gadi bu'a. Yoo wanti isii duubaa dhiibu hin jiraatin waadaa sabaaf seente guutuuf hin dirqamtu.

Walumaagalatti bu'uura madaallii asii olitti ibsuuf yaalerraa ka'uudhaan OPDOn jijjiirama dantaa Oromoo saffisaan eegsisuu danda'u dhugoomsuuf fedhii fi humna ni qabdi jechuun rakkisaadha. Kanaafuu Qabsoon keenya galma ka'ameef bira akka gahuuf ammas tooftaan masakame ciminaan finiinee akka itti fufuu qabun amana. Tarsiimoon qabsoo keenyaas waqtaawaa, tarsiimawaafi haala yeroo wajjiin kan wal milu godhuun barbaachisaadha. Hunda caalammoo tarsiimon baafannu dantaa, humnaa fi tarsiimoo humnoonni sadan wal dura dhaabbachaa jiran (antagonists), jechuunis, TPLF, OPDO fi QBO sirritti xiinxaluu irraa ka'uu qaban jedha.

Dabalataan, sirna siyaasaa fi diinagdee dantaa saba keenyaa eegsisutti cehuuf OPDO irratti dhiibbaa gochuun barbaachisaa ta'us gahaa miti. Paartiin mormituulee hojii guddaa hojjachuu qabu jedheen yaada. Dhimma kanarratti barruu koo itti aanuun itti deebi'a. Hammasiifu warri dheerinni barreeffama kanaa duugda isin kute, na of kolchaa isiniin jedha.

Jawaar Mohaammad
Caamsaa 3, 2018